waamicha salaataaf taasifamu ni dhageessaa?» namtichis eeyyeen nan dhaga'a jedhe, isaanis ni jedhaniin: «owwaadhu

Abuu Hurayraa irraa akka odeeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namichi jaamaan tokko gara Nabiyyiitti dhufuun -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhe: yaa ergamaa Rabbii namni gara masjiidaatti na qajeelchu hin jiru jedhee, mana isaatti salaatuu akka isaaf eeyyamaniif ergamaa Rabbii gaafatee jennaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaaf eeyyamani, yeroo inni deemuuf garagalu isa waamanii, akkas jedhaniin: «waamicha salaataaf taasifamu ni dhageessaa?» namtichis eeyyeen nan dhaga'a jedhe, isaanis ni jedhaniin: «owwaadhu».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Namichi jaamaan gara nabiyyiitti dhufuun -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhe: yaa ergamaa Rabbii salaata shanan irratti nama na gargaaree masjiidatti na geessu hin qabu, nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata jamaa'aa dhiisuu akka isaaf eeyyaman fedheeti, isaanis isaaf eeyyamani, yeroo inni deemuuf garagale isa waamani akkas jedhaniin: waamicha salaataaf taasifamu ni dhageessaa? eeyyen nan dhaga'a jedhe, isaanis waamaa gara salaataatti waamuuf owwaadhu jedhaniin.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/11287